# Jechoota lama kan arraba irratti laafoo ta'an, miizaana irratti ulfaatoo ta'an, Rahmaaniin biratti jaallatamoo ta'an

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Jechoota lama kan arraba irratti laafoo ta'an, miizaana irratti ulfaatoo ta'an, Rahmaaniin biratti jaallatamoo ta'an: Subhaanallaahi al-aziim, Subhaanallaahi wa bihamdih".
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechoota lama kan ilmi namaa rakkoo tokko malee haala kamuu keessatti isaan dubbachuu akka danda'u, mindaan isaanii immoo miizaana irratti dhugumatti guddaa akka ta'ee fi Rabbiin keenya Rahmaan kan isaan jaallatu ta'uudha himan. Subhaanallaahi al-aziimii fi subhaanallaahi wa bihamdihii jechuudha, Rabbiin guddinaa fi guutummaan wassafuu fi hirdhina irraa Isa qulqulleessuu waan of keesssatti qabataniif jechaadha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5507